# Wal-ta'iinsa Misoomaa/Guddinaa fi Gargaarsa Namoomaa keessatti Dhiibbaa Saalaa, Hacuucaa fi Miidhaa hambisuu irratti gorsa DAC: Qabxiilee Ijoo Ittisaa fi Deebii kennuu/Furuu

**OECD Legal Instruments**

OECD
BETTER POLICIES FOR BETTER LIVES

This document is published under the responsibility of the Secretary-General of the OECD. It reproduces an OECD Legal Instrument and may contain additional material. The opinions expressed and arguments employed in the additional material do not necessarily reflect the official views of OECD Member countries.

This document, as well as any data and any map included herein, are without prejudice to the status of or sovereignty over any territory, to the delimitation of international frontiers and boundaries and to the name of any territory, city or area.

This document is provided free of charge. It may be reproduced and distributed free of charge without requiring any further permissions, as long as it is not altered in any way. It may not be sold.

This is an unofficial translation. Although best efforts have been exercised in order to ensure correspondence to the original texts, the only official versions are the English and French texts available on the OECD website https://legalinstruments.oecd.org.

Ce document est publié sous la responsabilité du Secrétaire général de l'OCDE. Il reproduit un instrument juridique de l'OCDE et peut contenir des informations complémentaires. Les opinions ou arguments exprimés dans ces informations complémentaires ne reflètent pas nécessairement les vues officielles des pays Membres de l'OCDE.

Ce document, ainsi que les données et cartes qu'il peut comprendre, sont sans préjudice du statut de tout territoire, de la souveraineté s'exerçant sur ce dernier, du tracé des frontières et limites internationales, et du nom de tout territoire, ville ou région.

Ce document est fourni gratuitement. Il peut être reproduit et distribué gratuitement sans autre autorisation, pour autant qu'il ne soit pas modifié de quelque manière que ce soit. Il ne peut être vendu.

Ceci est une traduction non officielle. Bien que tout ait été mis en œuvre pour assurer la correspondance avec les textes originaux, les seules versions officielles sont les textes français et anglais disponibles sur le site Internet de l'OCDE https://legalinstruments.oecd.org.

Kun turjumaana mirkanaa'aa hin taane kan jalqaba afaan Ingiliffaan, Dhaabbata Walta'insa Dinagdee fi Misoomaa (Organisation for Economic Co-operation and Development, OECD) tiin maxxanfamee tureedha. Maxxansi kun of danda'ee dhaabbilee armaan gadiitin turjumaana'e: Dhaabbata Social Development Direct fi Translators Without Borders dha. Dhaabbanni Walta'insa Dinaagdee fi Misoomaa (Organisation for Economic Co-operation and Development, OECD) turjumaana kan hin mirkaneessu, akkasumas qulqullinaa fi sirrii ta'uu turjumaana kanaatif itti gaafatamummaa hin fudhatu.

**KOREE DEEGGARSA MISOOMAA OECD (DAC),**

Barnoota, Carraa Hojii fi Hojii Uumuudhaan walqabateeWalqixxummaa Koorniyaa/Saalaa irratti Gorsa Kaawunsilii xiyyeeffannoo keessa galchuun [ OECD/LEGAL/0398 ]; Miidhaa Malaammaltummaa To'achuu irratti Gorsa/Yaada Qooda Kaawunsilii Fudhattoota Walta'iinsa Misoomaa [ OECD/LEGAL/0431 ]; Gorsa/Yaada Kaawunsilii Walqixxummaa Saalaa Jireenya Hawaasaa keessatti [ OECD/LEGAL/0418 ]; akkasumas Gorsa/Yaada DAC Hojii Namoomaa irratti **SIRRIITTI XIYYEEFFANNOO ITTI KENNUU** Misooma-Nageenya Nexus [ OECD/LEGAL/5019 ];

Seektaroota Misoomaa fi Namoomaa .keessatti akkasumas Labsii namoota odeeffannoo Jabaa kennanii, kan Dhiibbaa Saalaa fi Hacuuccaa Ittisuu irratti xiyyeeffatee fi Deeggarsa Idil Addunyaa Ministeerota Misooma G7 galmaan gahuuf waadaan galame kan Dhiibbaa Saalaa Hacuuccaa fi Miidhaa Saalaa Hambisuu irratti Ibsa Waliinii DAC Tidewater **SIRRIITTI XIYYEEFFANNOO ITTI KENNUU;**

Dhiibbaa Saalaa fi Miidhaa akkasumas Hacuuccaa hambisuu irratti Kutannoo/waadaa dhaabbileen arjoomtotaa bara 2018, Walgahii Eegumsaa/Nageenya Mirkaneessu London itti taa'ame irratti kenname **SIRRIITTI XIYYEEFFANNOO ITTI KENNUU**

Wal-qixxummaa saalaatiin wal qabatanii wantoota garaa garaa jirani fi mirga namaa, addumatti ammoo duudhaalee Labsii Mirga Namaa Idil Addunyaa keessatti kaa'aman fi Walii galtee fi Pirotokoolii Jeneevaa dabalatee wantoota Mirga Namoomaa Idil Addunyaa keessatti dhiyaatan irratti. Seera Idil Addunyaa Mirga Sivilii fi Siyaasaa irratti; Seera Mirga Diinagdee, Hawaasa fi Aadaa Idil Addunyaa iratti; Mirga Daa'immanii irratti Konveenshinii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii; Qoqqoobbii bifa kamiinuu Dubartoota irra gahu hambisuu irratti Konveenshinii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii, Labsii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii Hacuuccaa Dubartoota irra Gahu Hambisuu (A/RES/48/104); Namoota Hacuuccaa, Dhiibbaa fi Miidhaan Saalaa Hojjattoota Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (UN) fi namoota birootin irra gahe Deeggaruuf Istiraateejii Hunda galeessa kan UN dhaan qophaa'e (A/RES/62/214); Pirotokoolii/Seera UN Qoccolloo fi Miidhaa Saalaa Qaamolee Raawwachiiftudhaan Dhaqqabeef qophaa'e; Murtee Walgahii Walii Galaa UN kan tattaffii hacuuccaa fi miidhaa bifa kamiinuu dubartota irratti gahu hambisuuf bara 2018 taa'ame; dhiibbaasaalaa (A/RES/73/148); Kaawunsilii Walgahii Awurooppaa kan miidhaa fi hacuuccaa dubartoota irratti fi dhiibbaa manaa/biyya keessaa ittisuu fi hambisuuf godhame; irratti bu'uura qaamoleen idil addunyaa dhiyeessan, **SIRRIITTI XIYYEEFFANNOO ITTI KENNUU.**

Ajandaa Guddinaa Itti Fufiinsa Qabu kan bara 2030 dabalatee kutannoo siyaasaa UN keessatti fudhatame; Sagantaa Tarkaanfii kan Walgahii Idil Addunyaa Baay'ina Uummataa fi Misooma irratti bara 1994 taa'ame; Labsii fi Waltajjii Tarkaanfii Walgahii Dubartootaa UN isa Afraffaa bara 1995 Beejingitti taa'ame fi konfiransii madaallii isaanii irraa bu'aa qoranoo/bu'aa argame **SIRRIITTI XIYYEEFFANNOO ITTI KENNUU;**

Dhiibbaan Saalaa fi Miidhaan (SEA) akkasumas hacuuccaan saalaa (SH) fudhatama kan hin qabnee seerota fi duudhaalee idil addunyaa cabsuu akkasumas SEA fi SH amala fudhatama hin qabne namoota dhuunfa fi haawasa irratti dhiphina fi dhiibbaa hamaa kan yeroo dheeraaf turu namarraan akka gahu, fi yeroo dhiyeessitoota dhaabbilee gargaarsaa fi michota isaanitiin waanti kun raawwatamu amanamummaa dhaabbilee gargaarsaa idil addunyaa fi gargaarsichuma mataa isaa gaaffii keessa akka galchu **HUBACHUU**;

Ajandaa Guddinaa Itti Fufiinsa Qabu 2030 galmaan gahuuf, addumatti ammoo Kaayyoo Guddina Itti Fufiinsa Qabuu (SDG) 5, "Wal qixxummaa saalaa milkeessu fi dubartoota fi shamarran hunda aangessuu) dhaaf SEA fi SH dhaan wal qabatee rakkoowwan tattaaffii akka addnuyaatti taasifamu gufachiisan **HUBACHUU**;

Yeroo dhaabbileen gargaarsa kennanii fi michoonni isaanii aadaa fi duudhaa dhaabbataa kan SEA fi SH ittisu hin qabaanne yookin rakkoowwan yeroo haala rakkisaa keessatti hojjatan nama mudatan, naannoo lolli keessa jiru fi bakka aangoon seeraan hin qoodamnee fi wal-qixxuummaan saalaa hin kabajamnetti dabalatee rakkoo hambisuu fi hatattamaan furmaata kennuu dadhabuun rakkoon SEA fi SH akka

dabaluu gochuu isaa **HUBACHUU**;

SEA fi SH ittisuu fi furuu keessatti qaamoleen gargaarsa kennanii fi paartinaroonni isaanii qindoominaa fi wal-duuka hojjachuu jabeessuu akka qaban, Jijjiirama aadaa dhaabbata keessatti fiduu fi miira itti gaafatamummaa cimsuuf waltajjii qaama gargaarsa kennuu (donor) cimaa ijaaruu; baraaramtoota fi miidhamtootaf furmaata kennuu fi miira yakkamaa ta'uun itti dhagahamu irraa akka bilisa ta'an gochuu; dandeettii seektaroota gargaarsaa hundumaa cimsuu; Hacuuccaa fi miidhaa dubartoota fi shamarran irra gahuu furuu fi ittisuu keessatti gahee cimaa dhaabbileen mirgoota dubartootaa irratti hojjatanii fi dhaabbileen dubartootatan hogganaman akkasumas SEA fi SH ittisuu fi furuuf keessatti tattaaffii akka naannoo fi idil addunyaatti taasifamu irratti gahee cimaa isaan taphatan hubachuu; miidhaa SEA fi SH hojjattoota gargaarsa idil addunyaa kennaniin dhaqqabuu danda'u hir'isuuf duudhaalee/seerota idil addunyaa irratti qindoominaan hojjachuu **HUBACHUU**;

SEA fi ittisuu fi furuudhaaf tattaaffiwawan UN taasisu, Dhiibbaa Saalaa fi Miidhaa Irraa Ittisuuf Tarkaanfiwwan Addaa Fudhataman irratti Gabaasa Barreessaa Olaanaa UN dabalatee: Mala haaraa (2017); Beeksisoota Barreessaa Olaanaa Mootummoota Gamtoomanii: Tarkaanfiwwan addaa qisaasama saalaa akkasumas miidhaa gahu hambisuuf bahe (2003), hacuuccaa saalaa fi aangoo fayyadamuun miidhaa geessisuu dabalatee addaan qooduu fi hacuuccaa hambisuu (2008), fi yakka hojjatamu sababii gabaasanii fi abbootii aangoo qorannoo fi oodiitii (gamaaggama) gaggeessan waliin sababa hojjataniif miidhaa nama irra gahu ittisuu (2017); Murtii Gumii Nageenyaa UN kan Dubartoota, Nagaa fi Nageenyaa irratti bahe, Murtee 1325 (2000) fi murteewwan itti aananii dhufanii fi Murtee 2242 (2015) dabalatee jechuudha; Poolisii Fakkeenyummaa hacuuccaa Saalaa (2018); akkasumas hojii UN SEA furuuf hojjatu fooyyessuu irratti hojii gaarii Qindeessitoota Addaa UN tiin hojjatame, Namoota UN kan Miidhamtoota SEA tiif Dhaabbatan, Walii galtee Sekireetarii Olaanaa UN fi Biyyoota Dhuunfaa gidduutti fedhiidhaan walii galame, Bakkeewwan Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii keessa socho'u keessatti qisaasama saalaa fi miidhaa gahu ittisuu irratti Gaggeessummaa Marsaadhaan taasifamu, akkasumas Ajandaa Marii Guddaa Dhimma Namoomaa (2016); fi Walii galtee Hojii Namoomaa Irratti Qaama Miidhamtoota Dabaluu (2016); **HUBACHUU**;

Dhiibbaa Saalaa Ittisuu irratti Qajeelfama Koree Dhaabbii Intar Ejansii fi Sadarkaale/Seerota yoo Xiqqaate Hojii irra Oolan (MOS-PSEA), fi Qulqullinaa fi Itti Gaafatamummaa irratti Seerota Namoomaa Ijoo (CHS), akka seerota idil addunyaa barbaachisoo ta'anitti **HUBACHUU**;

Barbaachisummaa mala baraaramtootaa fi miidhamtoota giddu galeessa godhatee poolisiiwwan PSEA fi SH wal-qunnamsiisuu, akkaataa qajeelfamoota armaan gadii afranitti: (i) Nageenya; (ii) icciitii; (iii) kabaja; fi (iv) gar-gar qooduu dhiisuu kan Istiraateejii Hunda Galeessa UN Deeggarsa Baraaramtoota fi Miidhamtoota Dhiibbaa Saalaa kan Hojjattoota UN fi Namoota Itti Dhiyeenya qabaniin raawwatame irratti (A/RES/62/214), akkasumas daa'imman baraaraman nageenya, eegumsaa fi fayyummaa isaanii mirkaneessuf xiyyeeffannoon adda ta'e akka isaan barbaachisu **HUBACHUU**;

SEA fi SH caasaa wal-qixxummaan keessatti hin mul'anne keessatti bal'inaan kan mul'atu ta'uu isaa, addumatti wal-qixxummaan saalaa dhabamuu, kan qoccolloon saalaa akka dabalu taasisu, hacuuccaawwan bifa biraatiin taasifamuu fi gargar qooduu; **HUBACHUU**;

**SEA fi SH raawwachuun akka mirga dhala namaa cabsu yookin dhiibutti kan ilaalmu waan ta'eef, SEA fi SH ittisuu keessatti mirga dhala namaa eeguun, akka eegamu kakaasuunii fi kabajuun hojii ijoo ta'uu qaba.** Wal-ta'iinsa misooma fi deeggarsa namoomaa keessatti malli hojiirra oolu mirga dhala namaa kan giddu galeessa godhatee fi dhiibbaa kan hin geessifne ta'uu isaanii mirkaneeffachuu. Dubartoota fi ijoollee akkasumas kanneen qaama miidhamummaa, sanyii, gosa koorniyaa, fedhii saalaa, saba, umurii fi amantii irratti hundaa'uun qoqqoobbiidhaaf saaxilamoo ta'an dabalatee garee saaxilamoo ta'aniif ilaalchi addaa taasifamuufii qaba;

Gorsa amma jiru kanaaf jecha hiikawwan armaan gadii fayidaarra akka oolaniif **ITII WALIIN GALA**:

a. **Ejansii misooma idil addunyaa (qaama arjoomu jedhamees kan beekamu)** kan agarsiisu ministiriiwwan mootummaa yookin ejansiiwwan dhuunfaa fandiiwwan uummataa isa akka Deeggarsa Misoomaa Seera Qabeessa (ODA) tti lakkaa'amu kaffaluuf/kennuuf itti gaafatamummaan isaanii amanamaa ta'ani.

b. **Michoota/paartinaroota hojiirra oolchan** jechuun ministeerota mootummaa yookin ejansiiwwan uummataa/mootummaa, akkasumas paartinaroota ejansiiwwan misooma idil addunyaa kanneen akka mootummoota biyyoota guddataa jiranii, qaamolee mootummaa kanneen akka aanga'oota naannoo, dhaabbilee miti mootummaa fi sivilii, yuuniyeeniwwan daldaalaa, misooma qindoominaa fi dhaabbilee namoomaa, dhiyeessitoota meeshaalee fi tajaajiloota kan pirojektiiwwan fi sagantaalee gargaarsaa hojiirra oolchuu keessatti hirmaatan yookin dhaabbilee seektara dhuunfaa fandii gargaarsaa fudhatan jechuudha.

**II.** Deeggarsi/gorsi DAC kanaa wixinee hunda galeessa ta'e kan DAC fi miseensota DAC hin ta'in kan itti amanan (asiin booda "Hordoftoota" jedhaman) akka arjoomtotaatti, akka arjoomtota, mootummaa waliin fi qooda fudhattoota hawaasa idil addunyaa deeggaruu danada'u dhiyeessuu akka ta'e **ITTI WALII GALA,** kunis tarkaanfiwwan hunda galeessa, wal-qabataa fi kan wal-sime akkasumas sadarkaalee/ulaagaalee addunyaa irratti hojiirra oolan wajjin kan wal-simu hojiira oolchuuf, dabalataanis seerota biyyaa yaada kessa galchuun, hojii isaanii garaarsa hiruu fi/yookin bulchuu keessatti SEA fi SH ittisuu fi furuudhaaf. Kun kan of-keessatti hammatu miidhamtoota fi baraaramtootaf dursa kennuu, Jijjiirama aadaa daabbilee deeggaruu, dandeettii gabbisuu/cimsuu, itti gaafatamummaa jabeessuu, amanamummaa seektara deeggarsa idil addunyaa jajjabeessuu.

**III.** Rakkoo SEA fi SH furuudhaaf, rakkoo to'achuuf, akkasumas baraaramtoota fi miidhamtoota ittisuu fi deeggaruuf deeggartoonni walta'iinsa misoomaa fi mala deeggarsa namoomaa hundeessuu yookin keessa deebi'anii akka ilaalan **NI GORFAMA**. Maloonni kunneen ejansiiwwan misooma idil addunyaa fi michoota hojiirra oolchan hojii isaanii deeggarsa qooduu fi/yookin bulchuu/to'achuu keessatti hojjirra oolu fi dhiisuu isaanii mirkaneessuuf ragaa/madda qabatamaa irratti hundaa'uun deeggartoonni tarkaanfii fudhachuu qabu. Maloota kanneen

qindeessuu fi fooyyessuu akkasumas dirqamoota, gaheewwanii fi itti gaafatamummaawwan sirri ta'aniif kanneen armaan gadii hojjechuu qabu:

1. **Deeggarsa idil addunyaadhaaf dhiyeessuu keessatti dambiiwwanii fi ulaagaalee duudhaa ogummaaa qopheessuu, aadaa jijjiirama dhaabbilee keessatti fiduudhaaf fedhii qabaachuu barbaaduu akkasumas SEA fi SH irratti gaggeessummaa fudhachuu.** Galmaan gahinsa kanaaf, akka barbaachisummaa isaatti, Deeggartoonni kanneen armaan gadii gochuu qabu:

a. Aadaa dhaabbilee fooyya'e fi **duudhaalee cimsuu** kunis karaa gaggeessummaa bu'a qabeessummaa irratti hundaa'e fi galma, duudhaalee, amaloota irratti gaggeessummaa fi SEA fi SH ittisuu fi furuudhaan wal-qabatee waan eegamu, carraalee fi naannoo hojii hunda galeessa, qoodinsi kan keessa hin jirre fi koorniyaan itti idilaaye jajjabeessuu dabalatee jechuudha. Kunis kan of keessaa qabu dhaabbilee hundumaa keessatti dubartoota sadarkaa gaggeesummaa olaanaadhaaf kaadhimuu jajjabeessudha.

b. Marii/Gumii sadarkaa olaanaa fi **kutannoo gaggeessummaa itti fufiinsa qabu mirkaneessuu** kunis SEA fi SH ittisuu fi furuudhaan wal-qabatee aadaa fi duudhaa/barsiifata dhaabbilee sirrii ta'e jijjiiruu yookin itti fufsiisudhaaf. Kunis kan danda'amu akkaataa dhimmoonni kun furaman irratti marii dhaabbataadhaan gaggeessitoota sadarkaa olaanaa gidduutti taasifamuuni; akkasumas SEA fi SH irratti hojii hojjatamu deeggaruudha fi qindeessuf kutannoo dandeettii raawwachiisummaa dhaabbilee mirkaneessuu, mirga dhala namaa fi murannoo wal-qixxummaa saalaa/koorniyaa hubachuudhan jechuudha.

c. SEA fi SH ittisuu fi furuudhaaf dambiiwwan/poolisii, istiraatejiiwwan fi karoora hojii **sirnaan hojiirra oolan qopheessuu,** sadarkaalee/ulaagaalee fi galma qopheessuu; mala wa-simataa ta'e agarsiisuu; fi hojiirra oolmaa hojiilee sadarkaa sadarkaan jiran deeggaruu. Dambiiwwan kanneen keessatti, Deeggartoonni waanti gochuu qaban, taatewwan SEA fi SH dhaan wal-qabatanii mudataniif furmaata gahaa laachuu dadhabuun waanta bira hin darbamne mirkaneessudha, ittisnii fi furmaanni/deebin kennamu mala nama baraarame sanaa fi miidhamaa giddu galeessa godhatee fi karaa miidhaa hin qaqqabsiifnen ta'uu qaba.

d. SEA fi SH ittisuudhaaf ulaagaalee fi seerota addaa **Dambii Amalaa fi Sadaarkaalee Amalaa** dhiyeessudhaan qopheessa, dambiiwwanii fi seerota kanneen namni hunduu argachuu akka danda'u gochuun akkasumas yeroo marsaa qacarrii hundumaa keessatti (adeemsa qacarrii fi namuusaa dabalatee), yeroo qophii fi ergama raawwachuu keessatti, caasaa gahuumsa to'achuu keessatti fi duudhaalee gaggeessummaa keessatti hojjattootafi gaggeessitoota olaanoo biraan ga'uu isaa mirkaneessudhaan. Dambiiwwan amalaa fi sadarkaaleen amalaa kunneen qaamolee raawwachiisaniif qoodamuu qabu akkasumas bakka barbaachisaa ta'etti hawaasa naannotiif afaan hubatamuu danda'uun sirriitti biraan gahamuu qabu.

Yoomi fi eenyuf akka gabaafamu, icciitii eegudhaan akkamitti akka gabaafamu, waantota nama baraarame sanaa fi miidhamaa giddu galeessa godhatanii fi akkamitti safuun eegamuu akka qabu irratti **pirotokoolii/seera ittiin furmaata kennanii fi gabaasan qajeelfama ifa ta'ee** waliin qopheessuu. Yeroo kenname keessatti maloota furmaataa fi hordoffiitiif hojjataan taatewwan SEA fi SH gabaasudhaaf itti gaafatamummaa qaba, akkasumas miidhaa qaqqabu hambisuuf seerri bahe jiraachuu isaa hubannoo argachuu qaba; kana yommuu godhu maloonni itti gaafatamummaa fooyya'an taateewwan SEA fi SH gabaasuudhaaf akka nama gargaaran hubachuudhan ta'uu qaba.

f. Sadarkaalee (ulaagaalee), qajeelfamoota, haal-dureewwan fi/yookin kutannoowwan walitti hidhiinsa uuman **walii galtee wal-ta'iinsaa fi meeshaalee deeggarsaa/fandii** (fakkeenyaaf, kontiraatawwan, liqii, walii galtee wal-hubannaa) hundumaa keessatti akka hammatamu gochuu, icciitiin yoo bahee fi haaldureewwan gabaasatiif waanta akka furmaataatti lafa taa'e waliin jechuudha.

2. **Maloota baraaramaa fi miidhamaa deeggaruu fi rakkoo furuu giddu galeessa godhate ijaaruu yookin deeggaruu.** Maloonni kunneen kan armaan gadii ta'u qabu:

a. Ittisa fi furmaata rakkoo SEA fi SH tiif **mala baraaramaa fi miidhamaa giddu galeessa godhateef** dhiyeessuu, yeroo fedhiin, mirgii fi waanti baraaramtoonni fi miidhamtoonni barbaadan giddu gala waan gabaafamuu, qoratamuu fi mala furmaataa ta'e jechuudha, kunis arjoomtonnii fi qaamoleen hojiirra oolchan yeroodhaan furmaata akka kennaniif, baraaramtoota fi miidhamtoota adeemsicha keessatti eegumsa akka godhaniifi. Malli kun, dubartoota fi ijoollee akkasumas namoota fakkeenyaf qaama miidhamummaa, eenyummaa saalaa, fedhii saalaa, sanyii, umurii fi amantii irratti hundaa'uun dhiibbaa qoqqobbiitiif saaxilamoo ta'an dabalatee garee saaxilamoo ta'an ilaalcha addaa keessa galchuu qaba. Malli nama baraarame sanaa fi miidhamaa giddu galeessa godhate kabaja mirga dhala namaa, akkasumas kabaja, icciitii, nageenya fi qoqqooddaadhaan ala kan ta'e ta'uu qaba.

b. Maloota ittiin komii miidhamaa fi baraaramaa giddu galeessa godhatan heddu **kan bu'a qabessa, ifaa fi salphaa ta'an** akkasumas kan hawaasni hundi argachuu danda'u akka keessatti hammatamu gochuu; kunis yoomi fi akkamitti maloonni kun hojiirra akka oolu qaban kan ibsu haal-duree fi qajeelfama ifa ta'e waliin akkasumas deeggarsa miidhamtootaa fi baraaramtoof dhiyaatu irratti gargaarsi fi walitti hidhamiinsi sirriin godhamuu isaa mirkaneessuu. Maloota komiiwwanii, hawaasa dabalatee giddu galeessa godhatanii qophaa'anii dabalatee hojiirra ooluu qabu, aadaa fi naannoo murtaa'e tokkoof kan qophaa'an ta'uu qabu, akkasumas yeroo barbaachisaa fi sirrii ta'etti gaggeessitoota naannoo fi abbootii aangoo waliin, hanga danda'ametti

walta'iinsaan hojjachuu qabu. Dabalataanis, walta'iinsaan wal gargaarudhaan hojjechuu qabu.

c. Kanneen SEA fi SH gabaasaniif, baraaramtoota fi miidhamtoota dabalatee **eegumsaa fi furmaata naga qabeessa fi hunda galeessa ta'e dhiyeessuu.** Kunis qooda fudhattoota barbaachisoo ta'an kanneen akka Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii; Dhaabbilee Sivilii fi dhaabbilee dubartootaa naannoo; bakka sirrii fi naga qabeessa ta'etti mootummoota naannoo fi biyyaalessaa waliin; abbootii aangoo dabalatee qaamolee hawaasaa waliin hojjachuudhaani. Deeggartoonni gargaarsa , hirpha fi deeggarsa baraaramtoota fi miidhamtootatiif kan barbaachisu qajeelfamaa fi sadarkaalee/ulaagaalee barbaachisu qopheessuu. Kunis kan of keessatti hammatu qaama fudhattootaa fi dhiyeessitoota tajaajilaa riferaalaa ijoo ta'an addaan baasuu akkasumas deeggarsa maallaqaa barbaachisoo ta'a kan hanga danda'ametti walta'iinsaan hojiirra akka oolu barbaadudhaan.

d. Tajaajilootaa fi neetwoorkiwwan naannoo jiran **cimsuu fi** hacuuccaa saalaa tajaajiloota eegumsa daa'immanii wajjin walta'insa uumuu, akkasumas hacuuccaa shamarran irra gahu ittisuudhaaf, yeroo barbaachisaa ta'etti jechuudha. Malli nama baraaarame fi miidhamaa sanaa giddu galeessa godhate tattaaffii godhamu hundumaa keessatti hammatamuu qaba; kunis seera kabachiisuu fi mirga haqa argachuu dabalatee hojiiwwan hacuuccaa saalaa, Dhiibbaa Saala fi Miidhaa akkasumas SH ittisuuf taasifamu, akka jajjabeeffaman taasisa. Tattaaffiiwwan taasifaman hundinuu qulqullinaa fi jiraachuu tajaajila riferaalaa akkasumas maloota ittisaa fooyyessuu irratti kan xiyyeeffatan ta'uu qabu. Kunis rakkoo baraaramaa sana mudatuu fi miidhaa xiinsammuu hir'isuudhafi.

3. **SEA fi SH ittisuudhaaf akka dhaabbataatti mala ittisaa fi gabaasaa akkasumas qajeelfamoota hundeessaa.** Maloonnii fi adeemsonni kunneen kanneen armaan gadii of keessatti hammachuu qabu:

**Komiin karaa keessaa dhiyaatuu fi adeemsi qorannoo** haala qabatamaa irratti kan hundaa'e, baraaramaa fi miidhamaa giddu galeessa kan godhate akkasumas hojiiwwan kana dura jiran fi maloota taatewwanii fi yakkoota to'achuudhaaf gargaaran akkasumas michoota/paartinaroota hojiirra oolchuu of keessatti dabalata. Hordoftoonni/deeggartoonni akkaataa barbaachisummaa isaatti namni miidhaa geessise jedhamee yaadames mirga icciitii dhuunfaa akka qabu hubatanii maloota walaba ta'en fayyadamuu qabu.

B.Maloota gabaasa fi komii **salphaa, nageenyi isaa kan eegame, argachuun kan danda'amu, haala qabatamaa irratti kan hundaa'e fi aadaa wajjin kan wal-simu ta'ee** kan icciitiin isaa eegame fi kan eenyummaa nama gabaasee sanaa hin saaxille kunis namoonni dhuunfa fi hawaasni miidhaan irra gahe waan isaan mudate salphaatti gabaasuu akka danda'aniif kan gargaaru akkasumas tattaffiiwwan rakkoo furuuf godhaman keessatti kenniinsi akka addaan hin citne mirkaneessuf kan qindeeffaman. Hojjettootaf, michoota/paartinarootaaf, namoota gargaarsa fudhatanii fi maatiwwan isaanitiif, hawaasaf, akkausmas qooda fudhattoota kanneen birootif, mootummoota naanno fi biyyaalessaa bakka sirrii fi barbaachisaa ta'etti hirmaachisuudhaan, fi akkaataa dambii fi galuumsa biyyolessaa fi dhaabbileetti bifa wal-simuun, maloota odeeffannoo ifa baasuu of keessatti qabachuu danda'a.

c. **Haaloo ba'uu irraa ittisuu** kanneen odeeffannoo laatanii dabalatee namoota miidhaman yookin miidhama gabaasaniif seera/dambii haaloo ba'uu irraa ittisuu danda'u qabaachuudhaan.

d. deeggarsa **dandeettii naannoo, seera kabachiisuu, haqa argachuu fi miira itti gaafatamummaa dabale,** karaa qindoomina misooma fi deeggarsa namoomaa, haala qabatamaa naannoo sanaa irratti hundaa'uudhaan kennuufii.

e. Adeemsonnii fi malootni qorannoo fi gabaasaa **iftoomina jabaa qaban** itti gaafatamummaa keessa fi alaa mirkaneessudhaaf, ittisuu deeggaruudhaaf, odeeffannoo argachuu irratti fooyya'iinsi akka ta'u gochuudhaaf, odeeffannoo qooduu, icciitii eeguu, eeyyama gaafachuu, fi rakkoo qorachuu ilaalchisee nageenya, fedhii fi mirga baraaramtoota fi miidhamtootaa yaada keessa galchuudhaaf. Kunis kan barbaachsiu gara fuulduraatti rakkoon akka hin mudanne gochuudhaaf nama baraarame fi miidhame sana eeguudhaafi.

f. Dambiiwwanii fi adeemsawwan lamaanuu **maloota fi bulchiinsa itti gaafatamummaawwanii mirkaneessuuf** kunis kaayyoon isaa yeroo barbaachisaa ta'etti itti gaafatamummaawwan hojjettootaa kanneen akka hojii irraa ari'atamuu, hojii dhaabuu fi tarkaanfiwwan bulchiinsaa kanneen biroos dabalatee mirkaneessuudhaaf. Yeroodhuma wal-fakkaatutti, **hojiiwwan gaggaarii jajjabeessuuf fayidaalee garaa garaa kennuu** akkasumas barumsaaf badhaasa kennuu, dabalataanis miira itti gaafatamummaa uumuuf aadaa hunda gidduu galeeffate, amanamummaa, iftoominaa jajjabeessuudhaan fooyya'aa ta'e hojiirra ooluu qaba.

Hojjettoota dambii fi naamusa cabsaniif **adabbii** fi **adaba (penalties)** hambisuudhaaf tooftawwan iffatti hojiitti hiikaman fayyadamuu.

Qacarrii, to'annaa gahuumsaa fi shaakalliiwwan riferaalaa **ifaa fi bu'a qabessa ta'e** qacarrii (fkn., irra deebiin qacaruu, dabarsuu/jijjiiruu yookin guddisuu) namoota miidhaa geessisanii hambisuu; kunis kan dabalatu tooftawwan fooyya'an kanneen akka achii dhufa seenaa, wabiiwwan, yakki kanaan dura hojjate yoo jiraate galmee yakkaa nama filatamee sana qorachuu .

4. **Leenjii kennuu, hubannoo uumuu, SEA fi SH irratti mari'achuu .** Tarkaanfiiwwan kunneen qabeenya gahaa fi walittifufinsa qabu barbaadu, akkasumas waantota armaan gadii of keessatti qabaachuu qabu:

**Marii/Qunnamtii cimaa** SEA fi SH furuu irratti hubannoo hawaasaa cimsuuf. Kunis kan dabalatu, wantoota akka: seera biyyaa hojiira hojiirra oolu, sadarkaa ejansiin dhaabbilee deeggrsaa baasan, fi namuusa; ulaagaalee fi bulchinsa amala arjoomtotaa, hojjataa akkasumas qaamolee hojiirra oolchan, seektara dhuunfaa dabalatee; akkasumas yakka dalagame gabaasuu irratti tooftaaleen komii akkamitti hojiirra ooluu akka qaban.

b. **Leenjii dhaabbataa fi gahuumsa dandeettii uumuu** sadarkaalee, dambii ittiin bulmaataa, mala komii ittiin galmeessanii fi yakka ittiin galmeessan, akkasumas walii galtee cabsuun maal akka geessisu, seerota farra qolachuu dabalatee gaggeessitoota fi hojjattootaf kennuu. Kunis jijjiirama aadaa sirriitti mirkaneessu fi naannoo hojii naga qabeessa, icciitiin isaa kan eegame,fi wal kabajuun itti beekamu jajjabeessuu. Leenjii fi ijaarsi dandeettii leenjii wal-qixxummaa koorniyaa fi ijaarsa dandeettitiin kan wal-qabate ta'uu qaba. Yeroo danda'ametti qaamonni ittisa SEA fi SH irratti hojjatan leenjii ogummaa fudhachuu qabu.

c. **Namoonni deeggarsa fudhatanii fi uummanni naannoo waa'ee mirga isaanii, sirna ittiin gabaasanii fi tajaajilawwan deeggarsaa jiran akka hubatan gochuuf, sochiiwwan hubannoo horan fi barnoota akkasumas miidhaan akka hin geenye ittisuu fi** yookin sagantaalee qaamota hojiirra oolchan waliin. Waa'ee sagantaalee ittisa SEA fi SH qopheessu fi bakka barbaachisaa ta'etti bal'inaan saganteessuu irratti, fedhiin isaanii akka guutamu gochuudhaaf namoonni gargaarsa fudhatanii fi uummanni naannoo mariisifamuu qabu. Kunis dhaabbilee mirga dubartootaa, caasaalee fi maloota ittisa SEA fi SH biyya keessaa dabalatee ijaarsa dandeetti fi leenjii dhaabbilee biyya keessa turanii of-keessaatti qabaachuu danda'a. Mi'oonnii fi meeshaaleen waajira olaanaa, biirolee naannoo, qaamolee/michoota hojiirra oolchanii fi mootummoota naannoo fi biyyaalessaa akkasumas abbootii aangoo naannoo dabalatee, bakka sirrii fi barbaachisaa ta'etti, qaamolee hawaasaa; wal-qixxummaa koorniyaa/saalaatiin wal-qabatee, SEA fi SH akka hin muddanne ittisuu fi to'achuudhaaf waliin qoodamuu qabu.

5. **SEA fi SH akka hin muddanne ittisuu fi furuudhaaf wal-ta'iinsa qaamolee idil-addunyaa mirkaneessuu.** Kun akka ta'u mirkaneessuuf, deeggartoonni kanneen armaan gadii gochuu qabu:

a. **Qaamolee arjoomanii fi qaamolee/michoota hojiirra oolchan waliin** akka idil-addunyaatti qindoominaan hoojjachuu. Kunis sadarkaa/ulaagaa fi bu'aa argamu lafa kaa'uuf, tarkaanfilee jiran hanga danda'ametti walitti fiduudhaaf, fedhii baraaramtoota fi miidhamtootaa guutuuf, akkasumas SEA fi SH ittisuu fi to'achuu keessatti tarkaanfii hunda galeessa ta'e fudhachuu.

b. **Ittisuu fi furmaata kennuu irratti kutannoowwan jiran akka ka'uumsa seeraa/dambiitti miseensota DAC muraasaa tti dabaluu,** Qulqullinaa fi Itti Gaafatamummaa irratti Ulaagaalee Namoomaa Ijoo (CHS), Ulaagaalee Xiqqaa Hojjatan kan Komitee Dhaabbii Intar Ejansii (Inter-Agency Standing Committee Minimum Operating Standards (MOS-PSEA)), OECD fi Yaada DAC fi deeggarsi/kutannoowwan idil addunyaa barbaachisoo ta'an bara 2018 Walgahii Nageenya Eeguu/Ittisuu Londonitti seektarri idil-addunyaa taa'e irratti deeggarsa/tumsa arjoomtonni dhiibbaa saalaa fi miidhaa akkasumas hacuuccaa saalaa ittisuuf taasisan dabalatee jechuudha.

c. SEA fi SH furuu fi ittisuu irratti ogeessota naannoo fi idil-addunyaa dabalatee miseensota DAC, michoota/paartinaroota hojiirra oolchan gidduutti **walta'iinsa cimaa mirkaneessaa;** Komitee Dhaabbii Intar Ejansii (IASC) UN, fi Boordii Hoji Gaggeessitoota Olaanoo Sirna UN Qindeessuu (CEB). Ulaagaalee deeggarsa baraaramtoota fi miidhamtootaa , bulchiisa qorannoo fi gabaasaa wal-qunnamsiisudhaaf partinaroota hojiirra oolchaniin tattaaffiin addaa godhamuu qaba.

d. Akkataa isaan itti SEA fi SH tti dhiiyataniin wal qabatee, kanneen ammatti Caasaa Madaallii Gahuumsa Dhaabbilee (MOPAN) dhaan qophaa'aa jiran dabalatee **tattaaffii gahuumsa dhaabbilee garaa garaa waliin madaaludhaaf taasifamu** deeggaraa.

e. **Kaayyoo Deeggarsa/Gorsa DAC kana galmaan gahuu fi qaamoleen/paartinaroonni hojiirra oolchan ulaagaa/seera kana hojiirra oolchuu isaanii mirkaneessuf** waan barbaachisu – qarshii fi humna namaa dabalatee – dhiyeessaa.

6. **To'anna fi ittisa SEA fi SH to'achuu, madaalu fi gabaasuuf maloota gargaaran ijaaraa.** Kun akka ta'u mirkaneessuuf, deeggartoonni kanneen armaan gadii gochuu qabu:

a. Deebiwwan/furmaata, deeggarsawwanii fi hordoffii kanneen akka guddina of-danda'ee fi qorannoo jijjiiramaa, madaalliwwan, yookin muuxannoowwan gaggaarii fi waanta dhuma irratti baratame akkasumas hiika waliinii (common definitions) **mala ittiin to'atan** hundeessaa.

b. Daataa saala fi umuriidhaan adda bahee, **safartuu baay'inaa fi qulqullinaa (qualitative and quantitative) akkasumas qorannoo kaka'uumsa ejansiiwwanii fi michuuwwan/paartinaroota kan icciitii baraaramtootaa, miidhamtoota fi gareewwan saaxilamoo ta'an mirkaneessu dabalatee** daataa jiru fooyyeessaa. Tattaaffiiwwan kunneen bakkeewwan hundatti haalota rakkoowwan jiran beeksisan barachuu fi qorachuu dhaaf dhaabbilee, naannoowwan akkasumas yeroowwan hunda irratti itti fayyadamuu akka danda'aniif odeeffannoowwan adda baasan of keessaa qabaachuu danda'u.

IV. Barreessaan waliigalaa Qajeelfama/Gorsa DAC kana akka tatamsaasuuf **NI AFFEERA**;

V. Duuka buutonni Qajeelfama DAC kana tatamsaasuf, keessattuu, karaa guddina isaanii, namummaa, fi ejensoota nagaa ijaaran fi miiltoowwan isaanii, fi mootummaa **NI AFFEERA;**

VI. hordoftoota/deeggartoota kan hin taane Qajeelfama DAC kana ilaalcha keessa akka galchanii fi kabajaniif **NI AFFEERA**

VII. miiltoowwan barbaachisoo miti-mootummaa, kontiraaktaroonni, fi eeyyamni kan kennameef Qajeelfama DAC kana tatamsaasuu fi hordofuu; **NI JAJJABEESSA**

VIII. Neetwoorkiin/Caasaa DAC Walqixxummaa Saalaa irratti akka: **NI QAJEELCHA**

a. Qooda fudhattota kanneen akka Hordoftoonni adeemsa wal-gorsuutiin, poolisiiwwan/dambiiwwan walii-qooduun, yaalii fooyyee qabuun, fi adeemsa kalaqa qabuun SEA fi SH ittisuu fi deebii kennuurrattti waliirraa barachuu fi dafanii itti baruun, akkasumas haalota tokko tokko kan Qajeelfama DAC raawwachuuf gargaaran deeggaruu;

b. Karaa hiriyaarraa barachuutiin, waliigaltee biyyooleessaatiin, kanneen akka dubartoota irratti, Nageenyaa fi Tasgabbiirratti Qajeelfamoota DAC kana to'achuu fi adeemsa raawwii isaarraa barachuu, akkasumas filannoowwan yeroo hedduu to'achuu fi gamaaggamuuf gargaaraman guddisuu, kana jechuunis waggoota shanan darban irraa barumsa barsiisu gargaaruu, walsimsiisuu, fi yaaliiwwan fooyya'oo ta'an hubannaa fi dandeettii uumuuf gargaaran qooduu.

c. Yaada Gorsaa DAC lama erga fudhatee turtii yeroo waggaa shan hin caalle keessatti akkasumas isaa booda yoo xiqqaate waggaa kudhan kudhaniin DAC 'f gabaasa taasisaa.

## Odeeffannoo Dudduubee/Bu'uraa

***Qisaasama Saalaa Miidhaa fi Qoccolloo/hacuuccaa hambisuudhaaf Furmaata/Deebii Qindoominaa***

Gorsa Komitee Gargaarsa Misoomaa (DAC) Qisaasama Saalaa, Qoccolloo fi Hacuuccaa saalaa hambisuu irratti akkaataa gamtaa guddinaa fi gargaarsa namoomaa kessatti: mala Ittisaa fi Kenninsa Deebii irrratti utubuwwan ijoo ta'an gaafa Adoolessa 12, 2019 fudhatamanii jiru.

Qajeelfamni DAC kun Qisaasama Qunnamti Saalaa fi Miidhama akkasumas hacuuccaa saalaa irratti meeshaa yeroo jalqabaatiif akka idil-addunyaatti kan gamtaa guddinaafi gargaarsa nammomaarratti hojiirra ooludha. Kunis kan barbaachise deebii jeeqamaa gabaasa Miidhaawwan Quunnamtii saalaa fi saaxilama kan gamtaa misooma fi gargaarsa namoomaa hambisuu akkasumas hubannaa dhaabbataa deeggaruuf, qajeelcha kennuuf, mootummaa kakaasuu fi gargaaruuf - akka humnasaanitti arjoomuu, walii walii mootummaa fi hawaasa idil-addunyaa kanneen qooda qaban - murtii caalaatti qindaa'aa ta'an fi tarkaanfiwwan qindaa'aa ta'an hojii irra oolchuuf, kanneen akkaataa dambii/sadarkaa idil-addunyaa eegan, Miidhaawwan Quunnamtii saalaa (SEA) fi saaxilama (SH) ittisuufi deebii karaa raawwii isaanii kanneen akka, kaffaltii fi/ykn bulchiinsa gargaarsaa kennuu, namoota kanarraa oolanii fi kanneen miidhaman jalqabarra oolchuun, akka aadaan dhaabbatichaa jijjiramu, dandeettii ijaaruu, itti gaafatamummaa jabeessuu, fi tokkummaa seektara gargaarsa idil-addunyaa cimsuu.

Kaayyon Qajeelfama DAC kun fedhiilee guddaan akka sirni kana simu Miidhaawwan Quunnamtii saala, saaxilama fi hacuuccaa bu'uura ja'a irratti ijaaramu, Kunneenis: (i) Poolisiiwwan, sirna amala oogummaa, jijjiirama dhaabbataa fi gaggeessummaa; (ii) deeggarsaa fi furmaata/deebii baraaramaa/miidhaama giddu galeessa godhate; (iii) Akkaataa Gabaasa Dhaabbattichaa fi sirna deebii; (iv) Leenjii, hubannaa guddisuu fi walquunnamuu; (v) Quunnamtii Idil-addunyaa; fi (vi) Hordofuu, gamaaggamuu, walii waliirraa barachuu fi Gabaasuu.

Dabalataanis, Yaadni gorsaa DAC kan of-keessatti hammatu dhiyeessiiwwan miseensota DAC ta'anis ta'e kan hin taane deeggaruu irratti xiyyeefatu, yaada inni qabu hojiirra akka oolu, adeemsa fuuladuraa walii waliirraa akka baratamu, fi ademsicha gamaaggamuuf yaalii taasisaniin qophii godhan ni hammata. Haalota walqixxummaa aangoo fi saalaa dhabuurratti bu'ureeffatan furuuf barbaachisumma isaa ilaalcha keessa galchuun gara fuulduraaf shaakala biyyooleessaa ijaaruuf qabeenyaa fi qorannoo ga'aa ni barbaada.

Qajeelfamoonni DAC, Miidhaawwan Quunnamtii saala, dhiibbaa fi hacuuccaa (SEA fi SH) yoo sirritti ibsuu baataniyyu, maddeen tokko tokko maxxansaaf, hiikaa loqodaaf, fi raawwiif qajeelfama barbaachisu kennuu ni danda'u.

Fakkeenyaaf, barreessaa mootummoota gamtoomanii(UN) tiin beeksisoonni barreeffamaa murtaa'anii ba'an - Sirna UN keessatti miidhaa saalaa fi saaxilama isaa ittisuufii - waayee "miidhaa/qisaasama saalaa" fi "miidhaa/qoccolloo saalaa" ilaalchisee furmaata kennuuf kanneen miseensota UN'f hojiira oolani dha. Keessattu, barruun ST/SGB/2003/13 akka jedhutti, dhiibbaa saalaa jechuun "dhimmoota qunnamtii saalaatiif jecha garaagarummaa aangoo yookin amanamummaa fiduuf, karaa hawaasummaa fi siyaasaa qisaasama saalaa namoota biroo

irraa bu'aa argachuudhaaf yaalii taasifamu dabalatee miidhaa hojjettoota bakka saaxilamummaa qabu irra hojjetaniin raawwatamu yookiin yaalamu" jechuudha Kanaafuu "Dhiibbaa saalaa/saalqunamtii" jechuun jecha bal'aa kan, fakkeenyaaf, daldala saalqunnamtii, qarshiidhaan walqunnamtii saalaa gaafachuu, fi akkasumas hariiroowwan dhiibbaa kanaaf saaxilan of keessatti dabalatu jechuudha. "Miidhaa Saalaa" ilaalchisee, barruun walfakkaataa jecha kana "jechuun humnaan ykn walcaalmaatin dirqisiisun raawwiidhaan ykn qaamaan dhiibbaa uumama saalaarratti geessisuu" akka ta'etti ibsa.

"Hacuuccaa/Qoccolloo saalqunnamtii" ilaalchisee, walga'iiwwan Mootummota Gamtoomanii 'Miidhaa dubartootaa fi shamarran irra ga'u kamiyyu ittisuu fi hambisuuf carraaqqii cimaa ta'e gochuu: 'hacuuccaa saalqunnamtii,' (A/RES/73/148) kan ibsu hacuuccaan saalqunnamtii "amaloota hin jaallatamnee fi fudhatama hin qabne fi gochaawwan uumama saalaa gara fulduraatti akka shaakalamuuf ni saaxila fknf yaadni ykn fedhiin saalqunnamtii dabaluu, gaaffii saalqunnamtii karaa gocha qaamaatiin ykn mallattoodhaan dhiyeessu, Kunneenis akka Jibbamoo fi Qaaanitti lakkaa'amu danda'u."

Xumura irratti, Qajeelfama DAC keessatti jechi "ijoolleen" jedhu bakka fayyadamametti, miseensonni DAC Mirga Ijoollee seera Mootummoota gamtoomanii , kan jecha "Ijoolleen" jedhu akka nama umurii waggaa 18 gaditi hiika itti kennu ilaalcha keessa ni galchu.

### *Qajeelfama/Gorsa DAC qopheessudhaaf adeemsa hammataa ta'e*

Waxabajjii 2018 keessa, bakka bu'oota DAC Ostriyaa, Ayerlaand, fi Ingiliiz(UK) irraa garee dhufaniin walga'uun Garee Waabii DAC hundeessee jira. Gareen Waabii kun miseensota bakka bu'ootaa dabalatee, bakka bu'oota garaagaraa irraa kanneen akka, Moottummoota gamtoomanii fi Koree Dhaabbii Inter-Ejensii, Baankii Addunyaa, bakka bu'oota neetworkii hawaasaa-sivilii, fi biyyoota miseensa DAC hin taane irraa dhufan of keessatti haammatee jira.

Gareen Wabii kun Dhaabbilee Hawaasa Sivilii (CSO) wajjin dhiyootti wajjin ni hojjeta, Bifa Hirmaannaa DAC-CSO'rratti hundaa'uun, Qajeelfamni DAC kun miseensota DAC ta'aniif gargaaruusaa mirkaneeffachuuf fi miiltoowwan Miidhaawwan Quunnamtii saala, dhiibbaa, fi hacuuccaa ittisuufi furmaata kennu hojiirra oolchan akka gargaarsa argatan mirkaneefachuuf gargaara. Gareen Wabii kun shaakala miseensonni DAC Ittisaa fi furmaata Miidhaawwan Quunnamtii saala, dhiibbaa, fi hacuuccaarratti qaban odeeffannoo barbaachisu gadi-fageenyaan walittiqabee miseensota DAC'iif bara 2018tti ergeera.

### *Raawwii, tamsaasa akkasumas hordoffii to'achuu*

Neetwokiin DAC Wal-qixxummaa Saalaa (GENDERNET) raawwiinsaa karaa hiriyaa hiriyaatiin gamaaggamuu fayyadamuun ni to'ata, akkasumas Gorsa DAC erga fudhatee waggaa shan keessatti irra deddebiin to'achuu fi filannoowwan gamaaggamuun ni qopheessa. GENDERNET waggaa shan kan hin caalle kessatti raawwiisaa DAC'f ni gabaasa, jechuunis erga Qajeelfamicha fudhatee kaasee fi achii booda yoo xinnnaate waggaa kudhan kudhaniin.